King County

Talallii COVID-19

## Xumura

Talaallin COVID-19 Bulchiinsa Nyaatatiif Qorichaa (FDA) tin fayiidaa yeroo muddamaatif raggaasisame. Buufata Fayyaan Hawaasaa Siyaatilii fii King Kaawuntii dipaartimentii fayyaa Washiingiton waliin akaataa raabsuu ykn qooduu talaallii irrati dalagaa jiran.

- Talalliin COVID-19 bal'innaan hin argamu haga bara 2021 tti. Dhumarratti, namni kamuu tuutota akka kennamuuf gorfame maraa keessa jiru argachuu hin danda'a.
- Talaalliin dura dhihaatu gabaabadha ykn tiqaadha waan taheef akkasumas garee murtooftee tan dhukkuba kanaaf saxilamoo tahaniif kan akka hojjatoota kunuunsa fayyaa fi namoota mana tajajilaa mandguddootaaf keennaan keessaa fi dhabbatoota kunuunsa yeroo dheeraa biraat jiraataniif kennama
- Nageenyi ykn balaa irraa bilisa tahuun talallii waan mara duursa. Talaalliin COVID-19 martuu qorraannoo gadi fagaataa tahe kan asiif achi hin jennee sadarkaa hedu keessaa darbee, qorrannoo akkasumas adeemsa fudhatama argachuu keessaa darba odoo itti hin fayyadamin dura. Talaalliiwwan kun kan fudhataman yoo balaa irraa nagaha tahuun akkasumas sadarkaa bu'a qabeessummaa yoo darban qofa. Talalliiwwaan kun eega kennamanii booda balaa irraa bilisa tahuun hintoo'atama.

## Rabsaan duraa talaallii COVID-19 ttiinii lakkoofsaan xiqqaa waan tahuuf duursaa keennufitu barbaadama

Dhumarratti namni talaallii barbaadu martuu argachuu hin danda'a. Hata'u malee, yeroo dura talaalliin rabsamu bayi'inni isaa xiqaadha. Talalliin kun dura hawaasa muraasaaf kan dhukkuba COVID-19 tiinif saaxilamoo tahaniif ykn immoo warraa yoo dhukkubni kun qabatee rakkinna fayya cicimaan irraa gahu kan akka warraa hojjattoota fayyaa, manguddoota mana gargarsaa nursii ykn mana mijaa'aa qarqaarsa itti argantan keessa jiraatan fi hojjatoota dalagaa barbaachisaa dalaganiitu argata.

## Eenyutu talaallii argachuu danda'a amma

Dameen Fayyaa Isteeta Waashingtan (DOH) tu isteeta keenya kessatti tamsaassii talaallii murteessa. Ammatti tamsaassii marsaa jalqabaa "Marsaa 1a" jedhamu keessa jirra. Yeroo Marsaa 1a, hojjatoota bakkeewwan kunuunsa fayyaa haalan saaxilamoo ta'an keessaa fi namoota dhaabatoota kunuusa yeroo dheeraa keessaa (kan akka mana gargarsaa nursii, mana mijaa'aa qarqaarsa itti argantan, fi manneed namootni umurii gugudoo itti kunkunfamanii) talaallii argachuu danda'u.

DOH hoospitaalota, maneen qorichaa, fi sirnoota fayyaa talaallii fudhachuuf galmaayan lakkoofsi gudachaa jiruuf talaallii dhiyeesse. Lakkoofsa iddoowwan talaalliin itti kennamu fi qaqabiinsa talaallii ol kaasuf DOH fi Fayyaan Hawaasaa Siyaatiliif King Kaawuntii shariikota baay'ee waliin dalagaati jiru.

Jiraatootni dhabbata kunuunsa yeroo dheeraa baay'en fi hojjatootni maneen korichaa waliin ta'uun talaalliiwwan argatu.

Dameen Fayyaa Isteeta Waashingtan (DOH) of-xiinxaluu online irra kan namootni Marsaa 1a jalatti talaallii argachuuf gayaa ta'uu isanii beekuf gargaaru meeshaa (Phase Finder) (weebsaayiitiin Ingiliffa qofaan) qopheessaa jira. Barbaadun Marsaa kan dhiyeessu:

- Bakkee talaalliin itti kenamutti kan argisiisun danda'amu mirkaneessaa ga'umsaa.
- Wal-qabsiiftuu tarree bakkeewwan talaallii kenuuf dhiyaatan

Barbaadun Marsaa ammaaf warren Marsaa 1a dhaa gayaa ta'an qofa tajaajila garuu akkuma isteetich gara marsaawwan haaraa tamsaassii talaalliitti warraaqen gareewwan biraa dursa argataniif banaa ta'a.

## Baasii talaallii

- Kaffaltiin talaallii kooviid (COVID) inshuraansii manguddotaa (Medicare), inshuraansii harka qalleeyyi (Medicaid) inshuraansii dhuunfa hedduunis yoo baasan, warraa inshuransii hin qabne gatiin talaallii irraa baafama. Karoora inshuraansii keetitiin ykn doktora laaltu talaallii kana argachuuf kaffalttiin ati baastu jiraachuun ni mala talaallii argachuuf.
- Buufatin fayyaa hawaasaas yeroo talaalliiwwan dhiyaatan kilinikoota bilisaan talaallii kennan karoorfataa jira.

## Nageenyummaan talaallii duursaadha

Talalliiwwan COVID-19 tiin dirqamaan qorannaa saayyinsaawaa gadi fageenna qabu jala darbuu qaban kan hirmaatonni qorannaa kanaa kumaatamootaan talaallii fudhatan. Bulchiinsi Nyaataa fi Dawaa (FDA) odeeffannoo saayinsaawaa tahe kan qorannoo kana irraa argamee madaaludhaan talaalliin kun balaa irraa bilisa tahuu fii buaa qabeessaa tahu murteessa. FDAn xinxalaaf gorsoota garee gorsoota saayiintistootaa fii hayyootaa irratt irkata, Vaccines and Related Biological Products Advisory Committee (VRBPAC). Walgayiiwwan VRBPAC uummataaf banaadha.

Yoo talalliin kun sadarkaa guutee kan bulchiinsa dawaa biyyoollessaatiin(FDA)n kaahame balaa irraa bilisa fi bu'a qabeessaa tahuu murtaahe, bulchiinssi dawaa biyyoollessaa talalliiwwan ni dhiheessa akka U.S keessati itti fayyadamaniif.

Eega Bulchiinisi Dawaa Biyyoollessaa murteessee, yeroo lammaaffaafi qaamni gorsotataa ykn hayyootaa qoricha talaalli walabaa tahan, koree gorsaa raawwii talallii irraa deebi'anii odeeffannoo balaa irraa bilisa fi bu'a qabeessumma laalanii yaadaa CDC kennan.

## Nageenya Talaallii Toohachu:

Eega talaalliin akka itti fayyadaman hayyama argate, akkaataan naganyaa itti toohatum safety monitoring systems hin qophaha balaa hin barbaadamne eeguuf jecha. Yoo balaan hamaan hin yaaddamne talallii irra argame, hayyoon daddaffiin dalaganii akka dhugaa nageenyyaaf yaaddessaa tahe tahuu murteesuf. Kun tajajila itti fufiinsan xinxalluudha, eeguma qorannaa saayyinsaawaan geefamee boodallee. Talaallii COVID-19 tiif, Buufata Tohannaa fi Ittisa Dhukuba (CDC) fi Bulchiinsa Dawaa Biyyoollessaa (FDA) akkaataa tohannaa nageenyaa dheeressee ykn bal'isee jira uf eeggannoo xinxaluuf akkuma argameen. Akkasumas talaalliin COVID-19 hanga danda'ameen balaa irraa bilisa tahuu mirkaneesuuf.

- Odeeffannoo dabalataa: Yunaaytid Isteets keessatti Nageenya Talaalliiwwan COVID-19 Mikaneessuu , CDC (weebsaayiitin Ingiliffaa qofaan).

## Ogeeyyii fayyaa eeyyama qabaniif leenjii qaban qofatu talaalliiwwan kennuu danda'a

Namoota eeyyaama qabanii fii talaallii keennuuf leenji'an qofatu talaallii keennu danda'a. Eega talaalliin kun bal'innaan hawaasaaf dhihaate, ogeeyyiin fayyaa gosa adda addaa talaalli tartiibaan kennu. Ogeeyyonni fayyaa kun talaalli kilinika keessaati akkasumas hospitaalaa fii bakka hawaasiin yeroo tokkoo waliti qabamut.

### Ofeeggannoo COVID-19 maraa itti fufuu barbaachisa +

- Talalliin farra COVID-19 nagaaa fi bu'a qabeessi argamtii guddaadha. Garuu talaallin qofti golfaa kana yoosuu hin dhaabu.
- Erguma talaalliin dhiyaateellee, dhaabun golfichaa namnii kamuu ofisi nama biraas tiksuuf qajeelcha ammaa hordofuu itti fufuu barbaada otuma talaallii warannataniillee. Kun haguuggii huffachuu, namoota biraa irraa yoo xiqaate faana 6 fagaachuu, warraaqii manaa halaa xiqqeessuf namoota waliitti baayyatanii jiranirraa of qusuu, qajeelcha imalaa CDC hordofuu, fi erga nama COVID-19n qabameen saaxilamtanii qajeelchaa qobaa kaayamuu hordofuu.

**Gaaffiwwan Deddebi'anii Gaafatamani Waliigalaa**

## Odeeffannoo dabalataa waa'ee talaallii COVID-19 tiini

- Dipaartmentii Fayyaa Isteeta Waashingitani COVID-19 Vaccine webpage
- CDC COVID-19 Vaccines website
- CDC 8 Things to Know About Vaccine Planning

☐ **Link/share our site at www.kingcounty.gov/covid/vaccine/oromo**

Last Updated January 14, 2021